Iyyannoo koolu galtummaa dhiyeeffachuuf Seensa – baqataa ta'uu keessan beekuudhaaf gaaffilee dhiyaatan

Yeroo iyyannoo koolu galtummaa galfattanitti biyya keessan gad lakkistanii bahuu keessan, deebitanii gara biyya keessanii galuun lubbuu keessaniif kan balaa qabu ta'uu, mootummaan biyya amma kessaa jirtanii akka Koolu galtummaa isiniif kennu (biyya amma jirtan turuu akka isin dandeessisu) gaafachuutti jirtu.

Iyyannoon koolu galtummaa kan Refugee Convention (yeroo hedduu seerri kun seera koolugaltumma biyya sanaa keessatti hammatamuu mala).

Mirga koolu galtummaa argachuudhaaf (baqataa ta'anii beekkamuudhaaf) wantootni kanaa gadii barbaachisaadha;

Miidhaa ykn balaa cimaan akka isinirra gahuu malu yaaddoo guddaa kan qabdan ta'uu

''balaa guddaa'' jechuun akka nama dhuunfaatti miidhaa eenyummaa keessaniin, wantoota isin gootan ykn hirmaattaniin, ilaalcha isin qabdan ykn sababa hirmaannaa keessaniitiin miidhaa hamaa isinirratti xiyyeeffate jechuudha.

Kana jechuun wontoonni kunnin akka isin mudachuu danda'an gadi fageenyaan ibsuun murteessaadha. Sodaa qabdanis haala qabatamaa ta'een gad fageenyan ibsutu isinirraa eeggama. Kanaan dura wanti wal fakkaatan isinirra gaheera taananis gadi fageenyaan ibsuu, amma boodas balaan guddaan sun isinirra gahuu akka danda'u sodaa qabdan haala ifa ta'een ibsuun barbaachisaadha.

Iyyanni koolu galtummaa keessanis akka Refugee Convention keessa galee ilaallamuuf sabummaadhaan, amantiidhaan, dhaaba siyaasa, ilaalcha dhaaba siyaasaan ykn kutaa hawaasa

tokko keessaa isa tokko ta'uu keessan dabalatee Korniya ykn saala keessaniin wal qabatee miidha isin irra gahus ni hammata.

Kunis biyya keessan keessatti ykn biyya jirattan keessati wantii balaa kanarraa isin dhoogguuf wabii ta'u akka hin jirre gad fageenyaan ibsachuu qabdu. Kan barbaadamtan qaama mootummaatin yoo ta'e kun ifa. Haa ta'uu garuu kan balaa isinirra geessuu sun maatii ykn miseensota hawaasaa yoo ta'an maaf qaama mootummaatti akka hin iyyanne haala gaariin ibsutti isinirraa eeggama.

Namoonni dhimma koolu galtummaa keessan irrati aangoo qaban magaalaa isin osoo hin baqatan dura keessa jiraataa turtan ykn Naannoo isin jiraata turtan keessa qofa rakkoon jira taanaan kutaalee biyyatti garagaraa deemtanii maaf hin jiraanne gaafii jedhu isiniif kaasu waan malaniif deebii quubsaa qabaachuu qabdu. Ykn kutaalee biyyattii kamiyyuu keessatti balaan akka isinirra gahuu malu hubachiisuu danda'u qabdu.

Balaa hamaa jechuun miidhaa akka nama dhuunfaatti isinirra gahuuf malu jechuudha. Balaa isin qofa adda dureen miidhu qofaa osoo hin taaane kan namoota naannawa kee jiraatan hunda miidhu, woraana ykn hokkara dheessaartu yoo ta'es koolu galtummaa isiniif kennuu malu. Akka nama dhuunfatti adda dureen balaan cimaan namoonni irra gahuu malu haala gaariin yoo hubachiisan koolu galtummaa biyya UK argachuu malu. Akka addunyaatti kan beekkamuu fi woraana hidhannoon geeggefamuun wal qabatee sodaa dhuunfaaf namoonni baqatan, dhimma isaanii gad fageenyaan ibsuu yoo danda'an koolu galtummaa namooma argachuu malu.

Yeroo tokkotti namoonni koolu galtummaa baqataa fi koolu galtummaa namoomatiif worri saaxilamaa ta'anis jiraachuu malu.

Akka fakkeenyaatti lammiileen Sooriyaa shororkaa wolii gala fi akkasumas balaa dhuunfaaf saaxilamu malu.

Kanneen asii gadii wantoota yeroo af-gaafii koolu galtummaa irratti gad fageenyaan himamu qabaniidha.

Maaltu sirra gahe?

Kan sodaachisoo sirraan gahaa ture eennu?

Maatiin kee, firoottan kee ykn namoota at beektu irra maal fa'atu gahe?

Maaf biyya gad lakkiftee baate?

Maaltu gara biyyaa kee deebi'uu si dhoorka?

Yeroo hedduu namoonni dhimma koolu galtummaa irratti murtii kennan seenaa ati itti dubbattu hin amanan. Wantoota sirra gahani fi kana boodas sirra gahuu malan ragaa garagaraan wal qabsiisuun haala kamiin akka dhiyeessitaniif irratti yaaduu qabdu.

Wontoota sirratti raawwatan san kan raga bahuu danda'an jiruu? Seenaa isin dubbattan sana keessaa kutaan ragaa sanadaa qabu jiraa? Kunis ragaa mana yaalaa, woraqaa hidhaaf isinitti bahe, woraqaa mana murtii, hiriyyaa irraa ykn dhaabbilee garagaraa irraa akka balaa keessa jirtan xalayaan isiniif ergame jiraa?

Haalli biyyi keetii kan ati dubbattu kana kan dhugoomsan ragaaleen dhaabbanni mirga dhala namaa baasan jiru?

Eenyummaa kee fi lammummaa kee wantoonni ibsan jiruu?

Ragaalee kanneen argachuun yeroo fudhata ta'uu mala. Dhimmicha irratti worri murtee kennan seenaa ati himattutti amanuu dhabuu yoo dhageettu hedduu nama dhiba. Kanaafuu hedduu itti qophaahuun barbaachisaadha. Namoota koolu galtummaa kanaaf na gargaaruu danda'an jettu uf cinaa qabaachuun ammo gaariidha.